Namoota gosa sadi irraa qalamnni fuudhameera; nama rafu hanga dammaqutti, daa'ima hanga baallaghutti, maraataa hanga sammuun itti deebi'utti

Aliyyi irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namoota gosa sadi irraa qalamnni fuudhameera; nama rafu hanga dammaqutti, daa'ima hanga baallaghutti, maraataa hanga sammuun itti deebi'utti».

[sirrii] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin kubraa keessatti- ibnumaajhfii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namoota gosa sadeen kana malee ilmaan Aadam dirqamni yeroo hunda akka isaanin adda hin baane himani. Daa'ima xiqqaa hangaa guuddatee baallaghutti. akkasumas maraataa sammuu hin qabne hanga sammuun isaa itti deebi'utti. akkasumas nama rafu hanga dammaqutti. Dirqamni kaa'amuun isaan irraa fuudhamee jira, badiin hojjatanus isaanitti hin barraa'u, garuu daa'ima xiqqaaf toltuun ni barreeffama; maraataa fi nama rafuun alatti; isaan lameen itti dhaga'amuun waan isaan irraa deemeef jecha isaan daangaa nama ibaadaan isaa sirrii taatee irraa qebalamtuu keessa waan hin jirreef jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/58148